


Jeeqama ABO muddatee fi madda isaa


ABO fi qabsoon bilisummaa Oromoo jeeqama keessa turuunii fi jiraatuun waan haalamamuu miti. Jeqamni kun, dhokataa miti; ifaa dha; ija keenya dura jira. Akkuma Oromoonyo makmaaku ijji hin argitu, qalbi dha jedhu, jeeqama kana fi madda isaa qalbiin hubatuun barbaachisaa dha.


Akkuma seenaa saboota addunyaa kamiiyuu, seenaa qabsuu bilisummaa Oromoo keessa yeroon gaddaa fi gammachuun yaadatantu jira. Qabsoo bilisummaa keessattiis ta'ee, ykn qabsoo jirenya hawaasummaa keessatti, sabni tokko yoo waan saganteefate tokkotti milkawe, ni gammada; yoo milkaawuu dhabe, ni gadda. Barri keessatti milkaawame, gammachuun yaadatama. Akkasumas, barri hammeenyi keessatti nama muddate gaddaan yaadatama. Qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti waggalee gammachuudhaan bara-baraan yaadatamanii fi gaddaan yaadatamantu jira. Fakkeenyaaaf, barri 1973 fi 1976 gammachuun yaadatamu. Barri 1973, bara ABOn bu'uurreffame yoo ta'u, barri 1976 bara ABO qabsoon hidhannoo eegale. Akkasumas, barri 1980 fi 1999 baroota gaddaan yaadataman. Barri 1980, bara hoogganootni ABO ol'aannoona, Hayyuu-Duree dabalatee qabsoo keessatti, bakka tokkotti wareegama qaalii kaffalan ture. Barri kun, gaddaan yadatama. Akkasumaas, barri 1999, bara gadda ti. ABO jeeqama har'a keessa jiruu fi keessaa bahuu dadhabe, bara 1999 jalqabe. Barri kun, bara ABO hurrii dukkanaatiin marfame. Garuu, Oromootni heddu qayyabannoo itti hinlaatne.

Barri 1999, bara ayyaanaallatoonti aaydiyooloojii fi ilaalcha siyaasaa Itoophiyummaan dhanga'aman ABO weeraran ture. Weeraruu duwwaa osoo hin taane, bara caasolee ABO irraa-jalaan ayyaanaallatootaan dhuunfatan ture; bara ABO diguun itti fuulleeffatamee fi diigaan eegalame ture. Barri kun, bara Daawuud Ibsaa fi Bultum Biyyoo hoogganummaa ABO dhuunfatan ture. Murni kun, hoogganummaa dhuunfatuu duwwaa osoo hin taane, caasolee fi qaamotoa ABO hundaa irraa-jalaan bakka furtuu qabsoof ta'an maraa ayyaanaallatoota fi booddessitoota kittillayoo isaanii kan akka Bayaan Asooba, Leencoo Baatii, Bulaa Atoomsaa, Abubakar Ali Xasee(Odaa Xasee), Licho Bukuraa, Hasan Husseen fi kkfn guutan. Kanaan booda, dhagaraa diigaa qabatanii ABO falaxuu, diiguu, misiensoota facaasuu, qabsaawoota mooggeessuu, qabsoo laamshesuu fi dhaaboota Habashaa wajjiin wahilummaa ijaaratuu jalqaban. Hojjii kanatti milkaawuudhaan, bara 2001 ABO bakka lamatti baqassan. Caccabsuun kun, hamma har'atti hin dhaabanne. Har'alle murna/faction garagaraa keessa taa'anii diigaa isaanii itti fuufanii jiru.

Jeeqama hoogganummaan Daawuud Ibsaa fi Bultum Biyyoo bara 1999 irraa eegalaniii sadarkaa-sadarkaan ABO fi QBO diiggaan irraan gahanii fi gahaa jiran Chaartii/Chart armaa jalaan mul'isuun yaalamee jira. Chaartiin kun, sadarkaa ABOn ittiin caccabsamee fi har'a illee ABO keessa jiru mul'isa. Jeeqama kana, Oromootni heddu barruu garagaraatiin ibsuu yaalaa turan; ammallee yaalaatuma jiru. An gama kootiin, karaa Chaartiin ibsuu filadhe. Chaartiin kun, jeeqama ABO fi QBO irraan gahamee fi gahamaa jiru akka salphatti akka namaaf galutti ibsa jedheetiin amana.







Bara 2013 Hogganni shanee  
ol'annaan 2  
Ertriya irraay Ameerikaa fi  
Awustiraliyaatti kooluu galan

Bara 2014 Hogganni Kamal  
Galchuu bakka lamatii addan  
ba'e:

Bara 2014 ABO QC  
fi ABO SG hoggana  
Dawuud  
tokkommaa  
labsamee ture

Garee Kamal  
Galchuu (G7)

Garee  
Nuuroo Daddafoo

Bara 2015  
?

Bara 2015  
?

Bara 2015  
?